

سُورَةُ الرَّعْدٍ

Suuraa Rakgdii

*Dura dursoo suuran tun suuraturrakgdi , je'amtii waan jecha rakgdi hoggaa takka keessatti dubbatamteef jecha

قبل كل شئ هذه هي سورة الرعد

*Isiin suuraa makkaati ,garii aayatoo ta isi'ii malee, takkaa isiin surraa madiina'ati garii aayatoota isi'ii malee,rakg dii jechuun: mandiisuu jechu'

وهي سورة مكية إلا بعض الآيات أو هي

سورة مدنية إلا بعض الآيات

*Aayaanni isi'ii afurtamii sadii {43}

وآياتها ثلاثة وأربعون {43}

*Lakkooysi isi'ii kudha sadii{13 }

وترتبها {13}

*Isiin eega suuraa Muhammadii buute, nag-eenyi isarratti haa jiraatuu.

نزلت بعد سورة محمد

*Jalqabni dubbi'i maqaa Rabbii qananii gu-ddo'oo xiqliq'oon waan uume qananiisuti,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

المر

*Makgnaan jecha kanaa kan Rabiin itti fedhe Rabbumaatu beekha,

ذلك

*Wanni dubbatatu'uu teenya kun takkaa sun,

أي

*Aayata qur'aanati,

آياتُ الْكِتَبِ

*Qur'aanni Rabbiraa sitti buufame kun,

وَالَّذِي أَنْزَلَ إِلَيْكَ مِنْ رِبِّكَ

الحق

*Hundi isaa haqaa, mama, yookaa shakkii hin qabu,

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يُؤْمِنُونَ

1}*Haa tayuu irra hedduun namaa hin dhugo'oomsu.

اللَّهُ الَّذِي رَفَعَ السَّمَوَاتِ

يعزى عما

*Rabiin qu'aan sirratti buuse, isa samii uupee ol fuudhee dhaabe,

تروتها

*Utuba`aan male`etti .

ثُمَّ أَسْتَوَى عَلَى الْعَرْشِ

*Isinuu ni gartanii, takkaa utubaa isin laa-ltanii hin agarreen, samii ol fuudhee dhaabe jechu',

*Rabiin kan dandeytii isaatin arshii waa

hundarra guddo'oo irratti ol taye,ol tayiinsa isaan malu,takkaa irratti mooye, mooyinsa isaan malu akkuma waan birarratti mooye ,mooyinsa isaan malu,

wanni arshii qofa dubbateef arshi'iitu, waan Rabbiin uume hundarra guddo'o jecha'aafi duuba namni isi'irratti mooye waan birarratti mooyun, kanumarraa akkaan beekkama, arshiiin waan Rabbiin uume hundaan marsiti, kan amma malaaykan afur ba'attu, kan guyyaa qiyaama'aa malaaykan saddeet ba'attu isiin bishaanirraa jirti guyyaa qiyaama'aa, waan arshiiin, Rabbiin itti haajamu'uun male'etti, humna isaa mul'isu'uu uume taate, yoo Rabbiin je'e keessa baru'uu teenyaa , amma hanguma jennaa, wanni gaarin Rabbiin arshi'irratti ol taye ol tayiinsa isaan malu, jechu'uakkuma duraan je'e,

*Rabbiin qur'aana buuse, kan itti amanuu haqa godhatu, isa adu'uufii ji'a , uume , laaffisee akka itti fayyadamtan godhe

وَسَخَرَ الْشَّمْسَ وَالْقَمَرَ

*Adu'uufii jiine,hundi sanii karaa isaaniti deeman, kan karaa isaanirraa hin baane, hanga waytii beekkamtu'utti, sun guyyaa qiyaaama'atii

كُلٌّ يَحْرِي لِأَجَلٍ مُّسَمًّى

*Rabbiin amrii yookaa dhimma waan uume ,ni deemsisa yookaa ni oofa, akka fedhetti,

يُدِيرُ أَلْأَمَرَ

*Aayaata isaa, tan kitaabban keessatti buus-efii , ammallee raga dandeytii isaa tan da-chi'ii samii keessatti uume addaan baba-asee, nama garsiisa, namaan gorsu'u jecha

يُفَصِّلُ الْآيَاتِ

2} *Akka isin saniin gorfamtanii, amantanii, eega duutanii kaafamtanii Rabbii keessan arguu dhugo'oomsitaniiif jecha

لَعَلَّكُم بِلِقَاءَ رَبِّكُمْ تُوقَنُونَ

*Rabbiin yookaa {waaqni} kan dachii umee bal'ise,

وَهُوَ اللَّذِي مَدَ الْأَرْضَ

*Kan gaarotii gurguddoo dachii keessatti uume, akka dachii soso'uu dhowwitee gad dhaabduuf jecha

وَجَعَلَ فِيهَا رَوَسَى

*Kan lagootii bishaanii hedduu dachii keessatti uume ,akka gabroottan isaa itti fayyadmaniif,

وَأَهْمَرَ

*Rabbiin kan midhaan hundarraa,gosa lama lama uume,mi'aaya'aafii ,dhangaggaayaa ,adi'iifii gurraacha,xiqqa'aafii guddaa,

وَمَن كُلَّ النَّمَرَاتِ جَعَلَ فِيهَا زَوْجَيْنِ أَثَيْنِ

*Rabbiin kan halkan guyya'atti uwwisee ,eega ifaatii dukkanaayu,kan guyyaa ifu, deemsisee bakka isaa halkan dukkanaayu fidu, jechu'

يُعِيشُ الْيَلَدُونَ

*Waan dubbanne keessa ,

إِنَّ فِي ذَلِكَ

*Ragaa tokkummaa Rabbii , ammallee dandeytii isaa himuutu jira,

لَآيَتٍ

3}*Warra waan Rabbiin uume, gad qabee ayli'iin laaluf.

لِقَوْمٍ يَنْفَكِرُونَ

وَفِي الْأَرْضِ قِطْعٌ مُتَجَوِّرٌ

*Lafa tanarra dachii wal dhabduutu wal maddii jira tan takka dachii gaarii waa magarsitu taate, tuun dachii hamtuu, waan magarsine taatitu jira, mee maaltu isii adda godhe?

وَجَنَّتٌ مِّنْ أَعْنَبٍ

وَزَرْعٌ وَنَخْلٌ

صَنْوَانٌ

وَغَيْرُ صَنْوَانٍ

يَسْقَى بِمَاءٍ وَجَدٍ

وَنَقْضِيلٌ بَعْضُهَا عَلَى بَعْضٍ فِي الْأَكْثَلِ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَتٍ

*Ammas lafa tanarra masnoo inabaatu jira,

*Ammallee ooyruu midhanitiifii, tan timiraatu jira,

*Muka timiraa kan damee lamaa sadii qabu,

*Ammallee muka timiraa kan damee hin qabne,

*Kan masnoo sun, bishaanuma tokkoon obaafamtu,

*Nuti garii midhaan masnoo sanii, dhandhamafii nyaata keessatti,garii midhaan masnoo sanirra caalchifna, kana mi'eesinee, kaan hadheessinee ,kaan dhagaggeessinee,

*Dachii wal maddii jirtu, tan akka waa baaftee tuun waan baafne keessa, ammallee masnoo bishaan tokkoon obaafamtu ,tan midhaan isi'ii nyaatafii waan biraa keesttillee, wal dhabu, baaftu keessa, ragaa tokkummaa Rabbiititu jira,

4}*Warra aylii qabuuf, maalif ? wanni dubbanne adda adda tayuun,nama adda isii godhutti haajamti, namni adda isii godhu ,nama beekkomsaafii dandeytii guutuu qabu tayuu qaba.

لِقَوْمٍ يَعْقِلُونَ

وَإِنْ تَعْجَبْ

فَعَجَّبْ قَوْلُهُمْ

أَءَذَا كَانَ تُرْبَأً أَءَنَا لَفِي خَلْقِ جَدِيدٍ

أُولَئِكَ الَّذِينَ كَفَرُوا بِرَبِّهِمْ

وَأُولَئِكَ الْأَغْلَلُ فِي أَعْنَاقِهِمْ

وَأُولَئِكَ أَصْحَابُ الْتَّارِ

هُمْ فِيهَا خَلِيلُونَ

وَسَتَعْجِلُونَكَ بِالسَّيِّئَةِ قَبْلَ الْحَسَنَةِ

وَقَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهِمُ الْمُثَنَّى

وَإِنَّ رَبَّكَ لِذُو مَغْفِرَةٍ لِلنَّاسِ

عَلَى ظُلْمِهِمْ

وَإِنَّ رَبَّكَ لِشَدِيدُ الْعِقَابِ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad yoo kan kuffaari si kijibsiisun si ajjabu taate,

*Jechi kuffaaraa kan as deemu kun ,akkaan nama ajjabsiisa, wanni isaan je'an;

*Si hoggaa duunee biyyee taane , lammada

deeffamnee,uumaa haaraya uumamnaa je'an, wanni jechi kun nama ajjabuuuf, takkaa dinquuf, mee Rabbiin isaanii hin jirre,isaan uume, isaan deebisuu dadhaba? Akka namuu beeku; waan bade deebisu'uutu, waan hin jirre uumu'urraa laafaa, duuba kana diduun waanuma nama dinqu,

*Warri eega du'anii guyaa qiyaama'aa kaa-famuu moromu sun, isaan warra Rabbitti kafare,

*Jarri sun, warra harkaa mormi ,walitti hidhamee, ibiddatti darbamuu,

*Isaan warra ibiddaatii,

5}*Zalaalamii ibidda keessa taa'anii gubatanii ibiddaraa hin bayan.Ormi kuffaaraa nabi Muhammadiin, mee yoo kan dhugaa dubbattu taate azaaba sami'ii nutti buusi, jennaan, Rabbiin aayata as deemtu tana buusee nabi Muhammadiin akki je'e;

*Ormi kuffaaraa rahgmata dura azaaba daddafsiifatanii, sirra barbaadan,

*Dhugumaan qixaan'i kana fakkaatu isaan

dura dabree,azaabni akka isaan barbaadanii, kuffaara isaan dura dabre, kanneen akka isaanitti azaaba barbaadetti bu'ee jiraa,saniin hin gorfamanii, qishna'aaf jecha, azaaba barbaaduu, hin dhiisanii?

*Rabbit kee yaa Muhammad kan namaaf araaramu, kan obsa qabu,

*Odoo ilmaan namaan itti balleessanii jiranuu

rahgmata isaanii godhee irra dabreef, odoo rahgmata isaanii godhee hoggaa isaan itti balleessan irra isaanii dabruu baatee, silaa waa takka lafarratti hin dhiisu

6}*Rabbit kee qixaan'i,inni nama isatti balleesse qixaaxu, akkaan jaba'aa.

وَقُولُ الَّذِينَ كَفَرُوا لَا أَنْزَلَ عَلَيْهِ آيَةٌ مِّنْ

رَبِّهِمْ

*Warri Rabbitti kafare akki je'u; maalif mu'jizaan nuti laallee garru, takkaa, ulee nabi Muusa`aa takkaa gala nabi saalih Muhammadiratti hin buufamne? hoggaa san itti amanaa, je'an ... jennaan Rabbiin nabi Muhammadiin akki je'e;

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad , ati mukgjizaa nuti sii kennineen,kuffaara sodachiftee, akka amanan goota malee, mukgjizaa ifii feete, takkaa kuffaarri fedhe, fiduun sirratti hin jiru,

7}*Ummata hundaafuu ergamaa mukgjizaa Rabbiin isaa kenneen isaan qajeelchutu jira, mukgjizaa kuffaarri barbaadunii miti

*Rabbiin waan dhalaan gadaameysa keessatti ba'atu ni beekha, waan inni tayefii, hanga inni taye,dhala'amoo dhiiraa ,dheera'-amoo gabaaba'aa,diima'amoo gurraachaa, tokko moo lamaa beeka,

*Ammallee Rabbiin waan gadaameysi yaroo ulfarraa ir'isuufii,

*Waan gadaameysi waytii ulfarra ida`atu ni

beekha, irra hedduun beeraa baatii sagalitti dhala,yookaa daya, ammoo gariin ir'iseeti baatii jahaafii waa xiqqotti daya, garii baatii sagalirraa ida'ee amata tokko yookaa afuritti daya, shaafi'ii biratti, inumaa hanga amata shanii ilmoon garaa ni teessi, maalik biratti haa tayuu kana hundaa Rabbiitu beekha malee namni biraaj beekhuu hin dandayu

8}*Wanni hundi Rabbi biratti, waytii beekamtuu qaqabdi ,ammallee hanga qabdi ,kan hangasirraa hin ida'amne, kan irraa hin ir'anne

*Rabbiin waan fagoo jiruufii,waan dhiyoodhallee beekha'a,waan argameefii waan argamu'u taa'ullee beekha'a

*Rabbiin gudda'a ,kan beekkomsaafii waa biralle'een, waan guddina qabu hundarra gudda'aati

9}*Kan waan uume hundaa oliiti, humn-

إِنَّمَا أَنْتَ مُنْذِرٌ

وَلِكُلِّ قَوْمٍ هَادِيٌ

اللَّهُ يَعْلَمُ مَا تَحْمِلُ كُلُّ أُنْثَى

وَمَا تَغْيِضُ الْأَرْجَامُ

وَمَا تَرْدَدَ

وَكُلُّ شَيْءٍ عَنْهُ بِمِقْدَارٍ

عَلَيْهِ الْغَيْبُ وَالشَّهَدَةُ

الْكَبِيرُ

الْمُتَعَالٌ

aafii beekkomsaan,kan waa takkan fakkaanne.

*Rabbi biratti wal qixa,

سَوَاءٌ

*Namni isinirraa dhyoysee waa je'eefii,

مِنْكُمْ مَنْ أَسْرَأَ الْقَوْلَ

*Namni waa dirree baasee je'e,

وَمَنْ جَهَرَ بِهِ

*Ammallee namni dukkana halkanii keessatti if dhyoseefii,

وَمَنْ هُوَ مُسْتَخْفِي بِإِيْلَ

10}*Namni guyyaa dirree bayee deemu

وَسَارِبُ بِالنَّهَارِ ١٠

hundi isaanii Rabbi biratti wal qixa, Rabbiin akkuma jecha nama dirree baasee je'uu dhagayu ,beekhu, jecha nama dhyoysee, gara'atti qabatuu beeka, akkasuma nama dukkana keessa jiruuffii, kan ifaa keessa jiru wal qixxee beekha takkaa arga.

*Namni hundi malaaykaa ,itti wal dabartee, tiysitu qaba,

لَهُ مُعَقِّبَتُ

*Kan duraa duuba isaatin eegan ,jinni'iifii, bofaafii ,waan birarralle'ee,hoggaa Rafuufii hoggaa taa'ullee waan isa miidhurra eegan takkaa tiysan

مِنْ بَيْنِ يَدِيهِ وَمِنْ خَلْفِهِ

*Eemaraa Rabbiit, takkaayuu Rabbiin tiysaa, isaanii je'ee, ajajeeti tiysan silaa odoo Rabbiin malaaykaa nama tiysisiisuu baatee, wanni nama miidhuu asii asii miti

يَحْفَظُونَهُ مِنْ أَمْرِ اللَّهِ

*Rabbiin nikgmata, ummata tokko kenne irraa hin jirjiiru, nikgmaa yookaa qananii deemsisee, balaa ittin buusu, haala gaarii isaan keessa jiran, haala hama'atti hin jirjiiru,

إِنَّ اللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوْمٍ

*Hanga isaan haala isaanii gaarii , haala hama'atti jirjiiranitti, hanga waan gaarii dalaguu dhiisanii,waan hamtuu dalaganitti, gaafas Rabbiin haala gaarii isaan keessa jiran, haala hama'atti jirjiira,

حَتَّىٰ يَغُرِّ وَمَا يَنْقُصُهُ

*Rabbiin hoggaa ummata tokko qixaaxuu fedhe ,sababaa isaan,qixaaxa haqa go-dhataniif,

وَإِذَا أَرَادَ اللَّهُ بِقَوْمٍ شُوَّهًا

فَلَا مَرْدَلَهُ،

وَمَا لَهُمْ مِنْ دُونِهِ، مِنْ وَالٰٰ

هُوَ الَّذِي يُرِيكُمُ الْبَرَقَ

حَوْفًا

وَطَعَمَا

وَيُسِّنُهُ

الْسَّحَابَ أَلْثَاقَ

وَيَسِّعُ الرَّعْدَ مُحَمَّدًا

وَالْمَلِئَكَةَ مِنْ خِيفَتِهِ

وَيَرْسِلُ الصَّوَاعَقَ

فَيُصِيبُ بِهَا مَنْ يَشَاءُ

وَهُمْ بِمُحَمَّدٍ لُورٌ فِي اللَّهِ

وَهُوَ شَدِيدُ الْحَالِ

*Namni qixaaxaa san isaanirraa deebisu hin jiru,

11}*Nama isaanii dirmatee qixaaxa yookaa azaaba irraa dhoowwu,kan Rabbi hin tayin hin qaban .

*Rabbiin keessan isa hangaasuu isin agarsiisu,

*Isinii sodaa qabu roobatu, nutti roobee nu

balleessa jettanii, nama karaa yaa'u taatanii, takkaa manni keessan kan dhi-m'isu tayee, takkaa warra biyya roobni hin tolleef taatanii takkaa isinii bakka'aatu nutti bu'aa sodaatu,

*Takkaa isinii khajeellaa roobaa qabu ,hangaaasuu isin agarsiisa, warra biyyaa, kan robatti haajamu,kan manni isaanii hin dhi-m'ifne taatanii

*Rabbiin ni uuma,

12}*Forora ,yookaa duumessa, takkaa ley-moo roobaa ulfaataa.

*Malaaykichi roobatti maddabame tak kaa wakkalame ,kan {rakgdi} je'amu Rabbii isaa waan isaan hin mallerraq qulqulleessee, galata isaa galcha {subhgaanallaahi wa bihgamdihi} je'ee,

*Ammallee malaaykonni, Rabbii isaaniti tasbiihga godhan, sodaa isaatii jecha,

*Rabbiin bakakkaa buusa isiin sibiila ibid-daa kan duumessa keessaa bayu,

*Duuba bakakkaa saniin Rabbiin nama fed-he tuqee guba,

*Ormi kuffaaraa, nabi Muhammadiin falman, waan Rabbitti rarra'u keessatti Rabbiin tokko miti Rabbiin nama du'e qabri'ii kaasuu hin dandayu je'anii,odoo ragaa tokkummaa Rabbii, Ammallee ragaa dandeytii isaa, arganii dhagayanuu,

13}*Rabbiin kan human jabduu qabuu laf-arraa isaan fixuu, sodaatanii hin amananii?

لَهُ دُعَوةُ الْحَقِّ

*Kan isa yaammatuuun haqaa , kan yoo yaa-mmatan nama dhagayu,du'aa'in tan Rabbiiti, jechi haqaa kan Rabbiiti, jechi haqaa sun {laa ilaaha illallaahu} jechu'uu, kan Rabbiii tokkichaati,

وَالَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِهِ

*Wanni kuffaarri Rabbiii achitti gabbaru, takkaa ibaadu,taabonni, takkaa mukni isaan yaammatan,

لَا يَسْتَجِيْبُونَ لَهُمْ بِشَيْءٍ

*Waa takka isaanii hin owwaatan, waan isan irra barbaadan isaanii hin godhan, yookaa hin kennan,

إِلَّا كَبِيسْطِ كَفَيْهِ إِلَى الْمَاءِ لِيَلْعَنْ فَأُ

*Haali warri taabota gabbaruutifii, haalli

sanamaa, yookaa waan isaan gabbaranii, yookaa Rabbi achitti guddisanii, wanni fakkaatu; akka nama eela dheeraa gubbaa taa'ee, bishaanitti harka gad laatuti, kan miya baafatuun hin qabne, akka bishaan sun ol bayee afaan isaa gayuuf, akka bishaan san dhugee dheebuu bayuuf jecha,

وَمَا هُوَ بِلَغْهٖ

*Kan ammoo bishaan sun afaan isaa hin

وَمَادِعَةُ الْكُفَّارِ إِلَّا فِي ضَلَالٍ

geenye, waan bishaan, waan aylii hin qabne,kan yaaminsa hin dhageenyetayef jecha duubaakkasi taabonni yookaa asnaamninis waan kuffaarri khadhatu kennu'uuf hin dandayu,

14}*Ibaadan kuffaarri sanama,yookaa nama , yookaa jinnii,Rabbiti achitti ibaadu badi'i, kadhaan isaan sanama yookaa muka kadhatan, waan faaydaa hin qabne

وَلِلَّهِ يَسْجُدُ مَنْ فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Wanni sami'i dachii keessa jiru hundi, Rabbitiif gad jetti, takkaa Rabbitiif sagaddi,

طَوعًا

*Tolaan,kanneen akka warra Rabbitti amanee,

وَكَرْهًا

*Ammallee dirqi'iin, Rabbitiif gad jetti, kan-neen akka munaafiqootatiifii kuffaaraa, kan hoggaa rakkatan gara Rabbitiif gara galanii yaammatan,

وَظَلَّلُهُمْ

*Ammallee gaadifni waan Rabbitiin ,dachi'i samii keessatti uumee,Rabbitiif sujuuda

بِالْغُدُوِّ وَالآصَالِ

15}*Ganamaafii galgala,akkana jechuun

hogguma mara jechu'u, maalif ganamaafii, galgalli,addunyaa tarraa ,hogguma takka hin dhabaman, yoo biyya tanaa galgala taate,biyya taan, ta gara bayaatifii, dhiyatii, ganama.

*Ormi kuffaaratiin akki jettu Rabbii sami'ii dachi'ii eenyu? kan isaan lamaan uume eenyu? ji'iin,

قُلْ مَنْ رَبُّ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Yoo si deebisuu baatan, kan isaan lamaan uume Rabbi yookaa {waaqni} je'iin, deebisan kana malee hin jiruu

قُلِ اللَّهُ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad kuffaaran akki jettu;

قُلْ

*Si Rabbii achitti qabattanii?

أَفَلَمْ يَخْذُلُهُمْ مَنْ دُونَهُ

*Sanama, qabattanii Rabbi godhattanii? Ta-kkaa ibaaddanii?

أُولَئِكَ

*Asnaama lubbuu ifii fayyadu'uufii ,mii-dhuu hin dandayan,Rabbii asnaama san uume dhiiftanii,

لَا يَمْلِكُونَ لِأَنفُسِهِمْ فَعًا وَلَا ضَرًا

*Mee balla'aafii, yookaa jaama'aafii,

قُلْ هَلْ يَسْتَوِي الْأَعْمَاءُ

وَالْبَصِيرُ

*Namni waa argu,wahi wal qixaa ji'iin, ballaan kaafiraa, namni waa argu mu'minaa, kaafiraaifi ,mu'minni ,wahi wal qixaa? ji'iin

أَمْ هَلْ تَسْتَوِي الظَّلَمَاتُ وَالنُّورُ

*Mee dukkanaafii ifni, wahi wal qixaa? ji'iin ,dukkanti kufri'ii, ifni iiamaanaa, wal qixaa miti jechu'u,

أَمْ جَعَلُوا لِلَّهِ شُرَكَاءَ

*Si ormi kuffaaraa, shariikota Rabbiif go-dhanii?

خَلَقُوا كَاخْلَقِهِ

*Kanneen akka Rabbitti waa uuman,

فَتَبَّهُ الْحَقُّ عَلَيْهِمْ

*Duuba wanni isaan uuman ,waan Rabbiin

uumen, isaanitti wal fakkaattee sababaa saniif shariikonni sun ,ibaadaa teenya haqa godhatanii, yaadanii, ibaadaa keessatti Rabbitti isaan qixxeessanii? Dubbiin akkasii mitii, wanni takka, tan isaan uuman hin jirtu, ammoo nama waa uumu malee, namni biraa ibaadan haqan godhatuu, mee akkamitti, waan waan uumne ibaadan? takkaayuu gabbaran

قُلِ اللَّهُ خَلِقٌ كُلُّ شَيْءٍ

*Akki jettuun :Rabbitiin kan waa hunda uumee ,waan uume keessatti,shariika hin qabu, ammallee ibaadaa keessatti nama isatti qindaayu hin qabu,

وَهُوَ الْوَحْدَةُ الْفَهِرُ
١٦

16}*Rabbiin ibaadaa haqa godhatu; isa tok-kicha fakkaataa hin qabne, kan waa hunda mooyu, kan wanni isa injifatu hin jirre.. Rabbiin dhuga'aafii, kijibaa fakeessaa godhee akki je'e.

*Rabbiin samiidharraa rooba buuse,

*Duuba lagootin, bishaan galaanaa ,hanga Rabbiin isii keessa yaa'uu fedheen, yaate,

*Kan galaanni sun ba'ate,

*Hoomacha, waan akka qasha'aatin wajji bishaan gubbaa deemu,

*Ammallee waan ibidda keessa keessanii ibidda itti buuftan,baysu'uuf jecha sun waan akka ziqiyaa meetaa, sibiila diima'aa, rasaa-saa fa'aa,

*Eega baysitanii, faaya faa godhatu'uu jecha, kan akka girjaa, fororaa, bitawuu, khil-kille'ee, hamarti'ii faa,

*Takkaa miya itti waa dalagatan irraa tol-chu'uu jecha, ibidda itti buuftan, kan hoggaa diimate,

*Waan akka hoomacha galanati,qabu kan nuti udaan sibiilaa jennuun, kan waa takka faaydan qabne,

*Akkasitti ,

*Rabbiin fakkeessaa godha yookaa fida,

*Waan haqaatifii,waan baaxilaatif, yookaa waan dhuga'aatifii waan kijibaatif fakkeessaa godha,

*Duuba hoomachi xuri'ii, kan galaana gubb-a'atti bayee deemu, akkasuma hoomachi sibiila bayfame gubba'atti bayu,

*Faaydaa malee deema, yookaa darbama ,{jufaa'an}darbama jechu'u,

*Ammallee bishaan roobatiifii,sibiila bayfa-merra, wanni nama fayyadu,

أَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

فَسَالَتْ أُودِيَةٌ بِقَدَرِهَا

فَأَحْتَمَلَ السَّيْلُ

رَبَّدَارَأَيْتَ

وَمَمَّا يُوْقَدُونَ عَلَيْهِ فِي الْأَرْضِ

أَبْتَغَاءَ حَلْيَةٍ

أَوْ مَتَّعْ

رَبَّدَ مِثْلَهُ

كَذَلِكَ

يَصْرِيبُ اللَّهُ

الْحَقُّ وَالْبَطْلُ

فَامَّا أَزْبَدَ

فِي دَهْبٍ جُفَاءً

وَامَّا مَا يَنْفَعُ النَّاسَ

*Zamana dheeraa lafa keessa taa`a , bishaan

فَيَمْكُثُ فِي الْأَرْضِ

dachii keessa taa'aniiti, waytii dheertuu namni itti fayyadama, sibiilli akka ziqiyaa kan faaya,yookaa meeshaa itti dalagatan godhamu, hin baduu yaroo dheretu taa'a, kijilbninis akkasii odoo hogiin dhuga'arratti bayee,injifatelle'ee, hin ragga'uu ni dhabama,akkuma hoomacha sanii, ammoo hayn'i, takcaa dhugaan, isaanumaatu hafee ragga'a, akkuma bishaaniffi sibiila sanii,

17}*Akkasitti Rabbiin fakkeessaa, namaa
ibsa, takcaa addeysa.

كَذَلِكَ يَصْرِبُ اللَّهُ أَلْأَنْشَاءَ

*Warra yaaminsa Rabbii dhagayee, itti amaneef, yookaa dhugo'oomsef,

لِلَّذِينَ أَسْتَجَابُوا لِرَبِّهِمْ

*Jannataatu qophaaaye

الْحُسْنَى

*Warri Rabbin dhagayin, isaan kuffaaraa, azaabatu isaanii qophaaaye, isaan hoggaa azaaba san argan,

وَالَّذِينَ لَمْ يَسْتَحِيْبُوا لَهُ

*Odoo horii addunyaa tana keessa jiru hunda qabaatanii,

لَوْأَكَ لَهُمْ مَا فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

*Ammas hangas takka, itti ida'ameefii, qabaatanii,

وَمَثْلَهُ، مَعَهُ،

*Silaa hunda kennaniiti azaaba jalaa bayu'uu jecha if bitan, haa tayuu odoo qabaatanill'ee isaanirraa hin qeebalamu,

لَاقْتَدُوا بِهِ

*Jara Rabbitti kafaranii saniif, hisaaba takkaa gaafi jabdu'uutu jira,gaafin jabduun; waan isaan dalagan takkallee irra darbu'uuf dhabu'u,

أُولَئِكَ لَهُمْ سُوءُ الْحِسَابِ

*Bakkeen ormi kuffaaraa sun itti galu mana ibiddaati,

وَمَا وَنَهُمْ بِهِمْ جَاهِنَّمَ

18}*Yaa hammeenyaa bakkee.isaan qubatanii afatanii sun ibidda jahannamii

وَيَسَّرَ لِلْهَادِ

*Si namni waan Rabbirraa, siratti buufame, haqa jechaa beekhu, kan sitti amane,

فَمَنْ يَعْلَمُ أَنَّا أَنْزَلَ إِلَيْكَ مِنْ رَبِّكَ الْحُقْقُ

*Akka nama balla'aati tayaa? akka nama san hin beyne,kan sitti hin amanneetii? akka tokkoo miti jechu'u,

كُمْ هُوَ أَعْمَى

*Namni gorfamu, kan haqa yaadachiisan yaadatu,

إِنَّمَا يَذَكُرُ

19}*Warra aylii qabu.

أُولُو الْأَلْبَابِ

الَّذِينَ يُؤْفَنُونَ بِعَهْدِ اللَّهِ

وَلَا يَنْقُضُونَ الْمِيَثَاقَ

وَالَّذِينَ يَصْلُونَ مَا أَمْرَ اللَّهُ بِهِ أَنْ يُوصَلَ

وَيَخْشَوْنَ رَبَّهُمْ

وَيَخْافُونَ سُوءَ الْحِسَابِ

وَالَّذِينَ صَبَرُوا

أَتْبَعَاهُ وَجْهُ رَبِّهِمْ

وَأَقَامُوا الصَّلَاةَ

وَأَنْفَقُوا مِمَّا رَزَقَنَاهُمْ

سِرَّاً عَلَيْهِ

وَيَدْرُءُونَ بِالْحَسَنَةِ السَّيِّئَةَ

أُولَئِكَ هُمُ

عَبْدِي الدَّارِ

*Warri aylii qabu sun, kan qur'aanan gorfaman warra waan Rabbii guutu, waan Rabbiif, yookaa namaaf baallama seene,guutu'uun,

20}*Kanneen walii gala, isaanifii nama jidduu jiru, hin diiyne,kan akkasuma waan isaanifii, Rabbi jidduu jiru hin diiyne.

*Ammallee isaan qur'aanan gorfaman warra waan Rabbii walitti hidhaa je'e walitti hidhu, kan akka rahgimaa, olla'aa, ammallee haqa muslimoota maraa ,haqa hiriya'aa,
*Warra qixaaxa Rabbii isaanii sodaatu,

21}*Warra waan isaan dalaganirraa gaafii jabduu guyyaa boruu gaafatamuu sodaatu, kan odoo gaafin sun hin geenyee, if gaafatee waan hammaate tolchu.

*Isaan warra ibaadaa Rabbiratti, ammallee bala'arratti, akkasuma cubbu'urraa obsu,
*Fuula Rabbii barbaadaf abaluu obsa qaba je'ee, namni haa na faarsuu barbaadafii mitii,
*Warra salaata shanan jabeessee dhaabu,

*Kanneen waan gaarii nuti isaanii kennine kennatan,

*Dhuysa'aan,ammallee dirree baasu'uun kennatan,

*Warra hamtuu gaari'iin deebisu , kanneen

nama hamtuu isaanitti dalagetti toltaa dalagan, kanneen hogga hamtuun irraa argamtee, dilii dalagan, ibaadaa dalaganii dilii san ifirraa haqan ,akka nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu nu gorse {yoo diliin isinirraa argamte, dalagaa waan gaari'ii dafa'aa isii faana deemsisaa, dilii san hayxii} je'ee,

*Jarra waan dubbanne saniin beekkameef,

22}*Booddee yookaa hegeree gaari'iitu mana aakhira'aa keessatti isaanii qophayye, sun .

*Jannata teessumaatii,

جَنَّتُ عَدْنٍ

*Kan jannata san seenan, isaanifii,

يَدْعُونَهَا

*Namni amane,takkaa tole,

وَمَنْ صَلَحَ

*Abbootii isaanitiifii ,

مِنْ أَبَآءِهِمْ

*Beera isaanitiifii,

وَأَرْوَاحُهُمْ

وَذُرْتَهُمْ

*Ilmaan isaanii wajji, jannata san seenan warra akkasitti tole guddisu'uu jecha, Rabbiiin abbootii isaanitiifii, ilmaan isaanii, jannata isaan seenan, isaan seensisa, odoo isaan dalagaa akka isaan dalaganii dalaguu baatanille'ee,

23}*Kan malaaykan hulaa mana isaanii ,kan jannata keessaa hundaan itti seentee.

وَالْمَلَائِكَةُ يَدْعُونَ عَلَيْهِمْ مِنْ كُلِّ بَابٍ

٢٣

*Nagayaan jannata keessa jiraadhaa waan addunyaa keessatti, karaa Rabbirratti obsitaniif,jannata kana argattanii,

سَلَامٌ عَلَيْكُمْ بِمَا صَرِبْتُمْ

فَقَعْدَ عَقْدَ الدَّارِ

٢٤

24}*Yaa gaaromina mana yookaa waan isin booda, itti aantanii, sun jannata kanaa je'an-iinii, guyyaa lama, sadii booda, gumaata fidaniifii ziyaaran.

*Ammoo warri baallama Rabbii diigu, eeg-uma jabeessanii baallama san seenanii, baallama namaaf seenan tayuu, kan Rabbiif se-enan tayuu

وَالَّذِينَ يَنْقُضُونَ عَهْدَ اللَّهِ مِنْ بَعْدِ مِيقَاتِهِ

*Kanneen waan Rabbiin walitti hidhaa je'e adda muran,

وَيَقْطَعُونَ مَا أَمْرَ اللَّهُ بِهِ أَنْ يُوصَلَ

وَيُقْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ

٢٥

*Kanneen nama ajjeesu'uufii, balaa facaas-u'uufii, kufri'iin,horii nama saamu'uun, dachii balleessan,

أُولَئِكَ هُمُ الْمُنْكَرُ

*Isaan sun abaarsa Rabbiiti qabanii, rahg-manni isaaniraa fago'o,

وَلَهُمْ سُوءُ الدَّارِ

٢٥

25}*Mana hama'aatu aakhira'atti isaanif qo-phaaye sun ibidda azaabatii.

*Rabbiin nama fedheef rizqii bal'isa,

اللَّهُ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَن يَشَاءُ

وَيَقْدِرُ

*Nama fedhetti rizqii dhiphisa,

وَرِحْمًا بِالْجِنَّةِ الْمُنْتَهَى

*Ormi kuffaaraa jiruu addunya'aa tanaafii waan isii keessatti argataniin gammadan,

وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا فِي الْآخِرَةِ

*Jiruuun addunya'aa tun yoo jiruu aakhir-aatin wal maddii qabnee laalle,

إِلَّا مَتَّعٌ

26}*Waa xiqqoo,waa xiqquma ,itti Fayyadamanii dhabamtu malee, waan biraatii miti, waan ayaa qabaatii miti

*Warri Rabbitti kafare kan qur'aana moromu akki je'u;

وَيَقُولُ الَّذِينَ كَفَرُوا

*Maalif mukgjizaan nuti feenu,Rabbi biraah Muhammaddirratti hin buufamne, hoggaa san itti amannaa je'an,duuba Rabbiin akki nabi Muhammadiin je'e

لَوْلَا أَنْزَلَ عَلَيْهِ أَيْهَةٌ مِّنْ رَّبِّهِ

*Rabbiin nama jallisuu fedhe mukgjizaan feetee hin qajeelchituu numa jallisa,

قُلْ إِنَّ اللَّهَ يُضِلُّ مَن يَشَاءُ

27}*Ammoo nama gara isaa deebi'e, karaa diinaa isatti qajeelche je'iin.

وَهَدَى إِلَيْهِ مَنْ أَنَابَ

*Warri gara Rabbii deebi'e sun warra Rabbitti amane kan qalbiin isaanii zikrii Rabbiiin boohartu,takkaayuu gad teessu, yookaa dhaabbattu,

الَّذِينَ آمَنُوا وَتَطَمِّنُ قُلُوبُهُمْ بِذِكْرِ اللَّهِ

28}*Dhagayaaa ,qalbiin warra amanee, gad

أَلَا يَذِكِّرُ اللَّهُ تَطْمِينُ الْقُلُوبَ

dhaabbattee booharuun,zikrii Rabbiiini ,hoggaa hunda Rabbi maqaa dhawaniyaadatu'uuni, takkaa wanni qalbiin mu'minaa boohartuun, qur'aana, takkaa wan mu'minaaf aakhira'atti qophaaye.

الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

طَوبَ لَهُمْ

*Warra Rabbitti amanee, waan gaarii dalaageef,

*Kheyrii guddo'ootu jira, takkaa mukha guddaa jannata keessaa jiru, kan gaadisa isaa jala, namni waa yaabbatu, odoo ammata dhibba deemee hin kunne

29}*Ammas bakka gaarii itti deebi'an-iiitu, aakhira'atti isaanif qopheeffame, sun jannataa

وَحَسْنُ مَعَابٍ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad akkuma
anbiyaa si duraa erginetti,

كَذَلِكَ

*Si ergine,

أَرْسَلْنَاكَ

*Ummata, ummanni akka isaanii, isaan dura
dabretti,

فِي أُمَّةٍ قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهَا أُمَّمٌ

*Akka isaanirratti qaraatuf,

لِتَسْتَوْعَ عَنْهُمْ

*Qur'aana nuti srratti buufnee si barsiifne,

الَّذِي أَوحَيَنَا إِلَيْكَ

*Isaanii {Rahgmaan} moromu rahgmaa nii
sujuudaa jennaanin; maali Rahgmaan je'anii
,{Rahgmaan} maqaa Rabbiiti ,makgnaan
isaa ; kan rahgmanni isaa waa hunda wal
gaye jechu',

وَهُمْ يَكْفُرُونَ بِالرَّحْمَنِ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, warra ra-
hgmaanitti kafareen akki jettu :

قُلْ

*{Rahgmaan} Rabbii kiyya, kan dubbiin
tiyya harkaa isaa jirtu,

هُوَ رَبِّي

*Isa malee kan ibaadaa haqa godhatu hin
jiru,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

*An isumarrattin irkadhe, isumatti isinirratti
na gargaara,

عَلَيْهِ تَوْكِيدُ

30}*An gara isaatin deebi'a, gara nama
biraatii mittii.

وَإِلَيْهِ مَتَابٌ

*Odoo qur'aanni barakaa isaatin gaarri bu-
qqa'ee deemu jiraatee kitaabban Rabbiin bu-
userraai,

وَلَوْ أَنَّ قَرْءَانًا سَيِّرَتْ بِهِ الْجِبَارُ

*Takkaa dachiin qaraatii isaatin baqayxee
ciccittee,

أَوْ قُطِعَتْ بِهِ الْأَرْضُ

*Takkaa kan barakaa isaatin , warri du`ee

أَوْ كُلِّمَ بِهِ الْمَوْقِ

qabrii keessa jiru, isaan dubbifame, silaa qur'aana kana taye, kan biraatii mitii...
takkaa makgnaan isaa:odoo barakaa qur'aanatiin, gaarri bakka isaati buqqa'ee
deemee, takkaa dachiin yaatee, takkaa warri qabrii jiru isaan dubbatee, ormi
kuffaaraa hin amanu jechu'u .

*Amriin takkaa dubbiin hundi ta Rabbiitii

بِكَلِّ اللَّهِ الْأَمْرُ جَمِيعًا

tan nama biraatii mitii, tanaaf jecha odoo mukgjizaan isaan, ni amannaa, nuu
fidi je'an, finnelle'ee nama Rabbiin amanuu isaa fedhe malee namni biraatii hin

amanu, ashaaban nabi Muhammad, waan kuffaarri ni amannaa fidi je'e fiduu feenen, Rabbiin aayata as deemtu tana buusee akki je'e;

*Si hin beynee,

أَفَمِنْ يَأْتِيهِنَّ

*Warri Rabbitti amane,

الَّذِينَ أَمْنَوْا

*Rabbitiin odoo fedhee, mukgjizaadhan male'etti,

أَنَّ لَوْلَى شَاءَ اللَّهُ

*Nama hunda karaa iimaana qajeelchaa , hin beynee ? mukgjizaan nama Rabbiin amanuu isaa hin gedhin hin amansiiftuu Rabbiti amanuu isaanii , hin fedhinii , itti dhiise jechu'u

لَهُدَىٰ النَّاسَ جَمِيعًا

*Warri Rabbitti kafare, takkaa morome, balaan akka lolaa ,dhukkubaa, abaar oola'aa, isaan tuqu'urraa hin deeman, takkaa hin hobbayan, {qaarikgaa} jechuun; waan nama sodaachisu kan nama sosoosu,

وَلَا يَرَى الَّذِينَ كَفَرُوا تُصِيبُهُمْ بِمَا صَنَعُوا قَارِئٌ

*Takkaa balaan isaanitti dhiyaattee , quba-tu'urraa, hin hobbayan, sun, akka ati ashkara keetin,biyya kuffaaratti dhiyaattee ,quba-tu'uutii,

أَوْ تَحْلُّ فِي بَأْقِنْ دَارِهِمْ

*Hanga isaan dhumanitti, yookaa hanga ba-allamni ,Rabbitiin ,siifan dirmadha , je'ee siif seene, dhufee, kuffaaraa cabsitutti,

حَتَّىٰ يَأْتِي وَعْدُ اللَّهِ

31}*Rabbitiin baallama hin diiguu, kuffaarr-

إِنَّ اللَّهَ لَا يَخْلُفُ الْمِيعَادَ

arraa si aansuu hin oolu, duuba akkuma Rabbitiin odeessetti, nabi Muhammadiin ashkara isaatin, bakka {hudeybiyaa} je'amtu, tan makkatti dhiyo'oo qubatee, kuffaaraa makkaa sodaachise, hanga isaan injifatee makka banetti.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad yoo umm-

وَلَقَدْ أَسْتَهْزَئَ بِرُسُلِ مِنْ قَبْلِكَ

anni ati itti ergamte kun, sitti amanuu didee,kan si kijibsiise taate, akkasuma ergamoota si dura ergame, ummanni isaanii itti amanuu didee, kijibsiifamanii ,kun aaduma ,warra ,kuffaara, qajeelchuu ergineetii,

*Duuba orma kuffaaraa, kan si dura ergam-

فَأَمْلَأْتُ لِلَّذِينَ كَفَرُوا

oota kiyya kijibsiise, yookaa xiqeesse saniif, qaaxaroo qabee, yookaa waytii isaanii dheeressee itti dhiisee, hanga isaan if irraanfatani, jallina keessa fa-gaatanitti,

ثُمَّ أَخْذَهُمْ
وَمَوْعِدُهُمْ

فَيَكَفَّ كَانَ عَقَابٍ
٢٣

أَفَمَنْ هُوَ قَائِمٌ عَلَىٰ كُلِّ نَفْسٍ
بِمَا كَسَبَتْ

وَجَعَلُوا لِلَّهِ شُرَكَاءَ

قُلْ سَمُّوهُمْ

أَمْ تَنْتَشُونَهُ، بِمَا لَا يَعْلَمُ فِي الْأَرْضِ

أَمْ يُظَاهِرُ مِنَ الْقَوْلِ

بَلْ زُينَ لِلَّذِينَ كَفَرُوا مَكْرُهُمْ

وَصُدُّوا عَنِ السَّيِّلِ

وَمَنْ يُضْلِلِ اللَّهُ فَمَأْلَهُ مَنْ هَادِ

لَهُمْ عَذَابٌ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

وَلَعِذَابُ الْآخِرَةِ أَشَدُّ

وَمَا هُمْ مِنَ اللَّهِ إِذَا وَاقِ

مَثُلُ الْجَنَّةِ الَّتِي وُعِدَ الْمُتَّقُونَ

*Duuba eegasii qixaaxa jaba'aan isaan fuudhee, isaan balleessee,

32}*Laali mee qixaan'i an isaan qixaaxe, akkami? duuba warra si kijbsiise, akkasin godhu'uu taa'a hin yaaddawin.

*Si namni lubbuu hunda eegu,

*Kan waan isiin dalayde, kheyrii tayuu , sharrii tayuu beekhufii {sun Rabbii} namni biraa {sun taabota} wahi akka tokkoo ? akka tokkoo miti,

*Ormi kuffaaraa shariikota Rabbiiif godhan yookaa wahi isatti qindeessan,

*Mee waan isaan tayan himaa ? ibaadaa haqa godhatan moo hin gootan? ji'iin, yoo haqaa deeman, akka wanni isaan Rabbitti qindeessan ibaadaa haqa hin godhanne ni beekhantii,

*Si inumaa isin, shariika Rabbiiin , dachii

tanarra,ni jiraa hin beyne,Rabbitti odeessitanii? sun kijiba, silaa odoor shariikni Rabbiiif jiraatee, Rabbiiin waan dachi'ii samii keessa jiru hunda beeku, ni beekaa ! duuba eega Rabbiiin hin beekin wanni isin jettan waan hin jirre,

*Si inumaa isin woman jirre kijiba afaanumaan Rabbiiin shariika qaba jettanii? je'iin , wanni isaan je'an waan jiraatii mitii

*Warra Rabbitti kafare saniif, kufriin isaanii bareeffameeti, kijiba dhugaa seyanii,

*Karaa Rabbirraa dhoowwaman,takkaa karaa Rabbirraa itti faman,

33}*Namni Rabbiiin jallina itti mure, nama isa qajeelchu hin qabu, hin argatu.

*Warra Rabbitti kafareef, azaabatu jira ad-dunya tanarratti ajjeefamu'uufii bala'aan,

*Azaaba aakhira'atti saan eeggatuutu irra jaba'aa ,waan azaaba zalaalami'ii tayef,

34}*Namni isaanii dirmatee azaaba Rabbii isaanirraa dhoowwu hin jiru.

*Milikanni jannata Rabbiiin,warra isa soda-tuf qopeessee,baallama seenef, asxaan isaa

akkan isinii himu kana;
 *Mana yookaa masnood jannataa,tan isii jala
 lagootin bishaanii olii gad yaatu,
 *Wanni jannata san keessatti nyaadhamu
 ,waan dhumuu miti,ammallee kan addaan
 citu miti,
 *Gaaddifni jannata sanii kan hoggaa takka-
 llee hin dhabamne,waan aduun achi hin
 jirreef,
 *Jannanni sun, waan warri amanee Rabbi
 sodaate, itti booda aanu mana saniiti,
 35}*Ammoo boodden warra Rabbitti ka-
 faree ibidda isaan gubu.

تَجْرِي مِنْ تَحْنِهِ الْأَنْهَرُ

أَكُلُّهَا دَابِرٌ

وَظَلَّهَا

تِلْكَ عَقْبَى الَّذِينَ أَتَقْوَى

وَعَقْبَى الْكُفَّارِ إِلَّا نَارٌ

وَالَّذِينَ أَتَيْنَاهُمُ الْكِتَابَ

يَفْرُونَ كَمَا أُنزِلَ إِلَيْكَ

وَمِنَ الْأَخْرَابِ

مَنْ يُنَكِّر بَعْضَهُ

قُلْ إِنَّمَا أُمِرْتُ أَنْ أَعْبُدَ اللَّهَ

وَلَا أُشْرِكُ بِهِ

إِلَيْهِ أَدْعُوا

وَإِلَيْهِ مَعَابٍ

وَكَذَلِكَ أَنْزَلْنَاهُ

حَكْمًا

عَرَبِيًّا

*Warri si dura kitaaba kennineef, kan orma
 yahuuda'arraa dhuga'aan amane,
 *Qur'aana sanirratti buufame kanaan ni ga-
 mmadan, waan inni waan dhuga'aan isaanir-
 ratti buufame gaxxamuuf,
 *Warra wal tayee, si dura dhaabbaturraa,
 isaan garii yahuuda'aatifi,garii arabaatii,
 *Nama garii waan isarratti buufamee diduu-
 tu jira, kan akka warra {rahmaan} diduu, kan akka warra waan shari'aa isaanii,
 takkaa waan isaan shari'aa isaanitti if biraa ida'an, hin gaxxamne,diduutu jira,
 *Duuba wannu Isaanin jettu, an Rabbii tok-
 kichatti amanee,isa ibaadu'utti ajajamee
 *Waa takka Rabbitti qindeessuu dhabu'uttin
 ajajamee,
 *Gara Rabbii tokkichattin nama yaama,
 36}*An gara Rabbiitan deebi'a ji'iin.

*Akkasitti qur'aana buufne,
 *Akka isaan nama jiddu'utti firdii gootuf,
 *Afaan arabaatin akka warri kuffaaraa bee-
 khee amanuuf

*Yoonif badii orma kuffaaraa jala deemte ,

وَلِئِنْ أَتَبَعْتَ أَهْوَاءَهُمْ

*Eega beekkomsi haqaa Rabbii keetirraa sii
dhufee,

بَعْدَ مَا جَاءَكَ مِنَ الْعِلْمِ

*Rabbiin waliyyii kee tayee , si tiysuu,
haqan godhattu,

مَالِكٌ مِّنَ اللَّهِ مِنْ وَلِيٍّ

37}*Ammallee nama qixaaxa Rabbii jalaa si

وَلَا وَاقِ
٢٧

baasu hin argattu, nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu ,waa
nama, waan ormi kuffaraa je'u, jala deemuu mitii , Rabbiit Isa tiysaa,
wanni dubbii tana Rabbiin dubbateef, ummata nabi Muhammad gorsu'u-
ufi, akka eega karaa islaamaa, kan haqaa arganii karaa warra jallatee
nama jallisuu hin deemnef jecha, ormi kuffaaraa maalif Muhammad,-
heera garii jirjiira? Maalif beera hedduu fuudha? je'anii hamannaan, Ra-
bbiin aayata as deemtu tana buusee akki je'e.

وَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلًا مِّنْ قَبْلِكَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad dhugum-
aan si dura ergamoota, akka keetii erginee
jirra,

وَجَعَلْنَا لَهُمْ أَرْوَاحًا وَدُرْبَيْهِ

*Beeraffi joollee isaanii goonee,duuba maa-
lif beera ati fuuten si hamatan?

وَمَا كَانَ لِرَسُولٍ أَنْ يَأْتِيَ بِكَيْفَيَةٍ إِلَّا يَأْذِنُ اللَّهُ

*Ergamaan tokkolleen iznii Rabbiitin malee,
mukgijzaa fiduu hin dandayuu, maalif mu-
kgijzaa nuti sii kennine dhiisanii, mukgijzaa
biraa fiduu barbaadan?

لِكُلِّ أَجَلٍ كِتَابٌ

38}*Hukmiin yookaa murtiin marti waytii
qabdi.

يَمْحُوا اللَّهُ مَا يَشَاءُ

*Rabbiin hukmii garii,tan duraan, gabroo-
ttan isarratti farade takaayuu mure yoo way-
tiin firdii sanii dhumte deemsiseeti,

وَيُثْبِتُ

*Bakka hukmii sanii hukmii biraa fida, yoo
fedhe waan firdii takka deemsisee, ta biraa
fiduu keessa, dantaan gabroota isaa jirtuuf
jecha,

وَعِنْدَهُ أُمُّ الْكِتَابِ

39}*Hundeen kitaabaa Rabbi bira hirtii, kan

wanni rabbiin uume hundi keessatti katabamte, kan wanni Isa keessatti kat-
abame hin haqamne, kan lohgal mahgfuzz je'amu, kitaabni wanni Isa keessatti
katabame haqamee wanni biraa bakka isaa katabamu, kan lohgal mahgfuzz hin
tayini.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad yoonif azaaba orma kuffaaratiin sodaachifne, odoo ati jirtuu itti buufneee, si agarsiifne , dubbiin tolte

وَإِنْ مَا نَرِنَّكَ بَعْضَ الَّذِي تَعْدُهُمْ

*Takkaayuu odoo balaa isaanitti hin buusin yoo gara aakhira'aa si godaansifne, du'aan, hin yaaddawin,

أَوْ نَوْفِيقَتَكَ

*Ati wanni sirratti jiru,ergaa tiyya isaanitti geessu'uu , waan sirratti jiru geessiftee,

فَإِنَّمَا عَلَيْكَ الْبَلَغُ

40}*Ammoo wanni narratti jiru dalagaa isa-anirraa isaan gaafannee,isaan qixaaxu'u, sun waan dabruu mitii, isaan eeggataa.

وَعَلَيْنَا الْحِسَابُ ﴿٤٠﴾

*Si orma kuffaaraa hin agarree, akka nuti biyya isaanii dhufnee,

أَوْلَمْ يَرَوْا أَنَّا نَحْنُ فِي الْأَرْضِ

*Moggaa isi'littii ir'isa'aa deemnu, ashkarri islaamaa biyyoota kuffaaraa biyya hedduu qabatu'uun, biyya kuffaaraa ir'isu'uun, bitii islaamaa ida'amu'uun ,

نَقْصَهَا مِنْ أَطْرَافِهَا

*Rabbii waan fedhe gabroottan isaa jidd-u'tti firdii godhaa,

وَاللَّهُ يَحْكُمُ

*Namni firdii isaa deebisuu dandayu hin jiru,

لَا مَعَاقِبَ لِحُكْمِهِ

41}*Rabbiin kan gaafin inni, waan dalagan-irraa nama gaafatu,daddaftu.

وَهُوَ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴿٤١﴾

*Kuffaarri ummata dur ,kan isaan duraa dhugumaan anbiyoota isaanitti hamtuu yaadanii jiran, akka ummanni kee hamtuu sitti yaaddetti, haatayuu hamtuun isaan anbiyotatti yaadan bakkan geenye, Rabbiitu har-katti balleessee,

وَقَدْ مَكَرَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

*Maalif heelan heela kuffaaraa injifattu hundi ta Rabbiitii, kan heelaa kuffaarri anbiyoota miidhu'uud,dalagaa hunda balleessu Rabbi tokkicha,

فَلِلَّهِ الْمَكْرُ جَمِيعًا

*Rabbiin waan nabseen namaa hundi dalaydu, takka takkatti beekhaa, nabsee hunda waan isiin dalaydeen isii qaba,isii ifirraa quban qabne,

يَعْلَمُ مَا تَكْسِبُ كُلُّ نَفْسٍ

42}*Ormi kuffaaraa sun, nama booddee , waan gaarii argatu,mu'mina moo kaafiraa

وَسَيِّئَمُ الْكُفَّارُ لِمَنْ عَقِيَ الدَّارِ ﴿٤٢﴾

beekhu'uuf taa'an.

*Warri Rabbitti kafare, ati ergamaadhaa mitii, siin je'a,

*Duuba wanni isaanin jettu akkan an ergamaa Rabbii taye, Rabbiin naafii isin jiddu'utti ragaa tayuun naaf gaya je'iin , waan mukgijzaa taye, tan nu dhugo'oomsitu isin agarsiisee,

43}* Ammallee akkan an ergamaa Rabbii

Taye , namni isinirraa beekkomsa kitaaba keessanii qabu ragaa bayuun ni gaya ,akkana jechuun warri ulamaa yahuudi'iitifii nasaara'arraa islaamaye, kan tow-raatifii injiil beekan, kan kitaaba lamaan keessatti bifa tiyya arganii ,duuba an ergamaan natti amanan sun, akkan an ergamaan Rabbii taye ragaa bayuun ni gayaa, ragaan biraa hin barbaadamu jechu', jarri beekkomsa kitaaba qabu sun, kan akka abdullaahii ilma salaamifii mootii habasha'aati.

وَيَقُولُ الَّذِينَ كَفَرُوا لَسْتَ مُرْسَلًا

فُلْ كَفَنِ بِاللَّهِ شَهِيدًا بَيْنِ وَبَيْنَكُمْ

وَمَنْ عِنْدَهُ عِلْمٌ الْكِتَابِ

٤٣